


DISCOVER ITS BEAUTY

Kutaa 7ffaa

# ERGAMAA XUMURAA

DR. NAAJII IBRAAHIIM



Muhammad (Rahmanni fi nageenyi Rabbii isa irratti haajiraatu), ilmi Abdallaah, naannoo bara 570 Dh.K.D Makkaatti dhalate. Ummata isaa biratti Al-Amin (amanamaa) jedhamuun beekama ture.

Muhammad umriin isaa waggaa afurtama yommuu gahu ergamaan rabbi (malaykaan) Jibriil wahyii (ergaa) fidee itti dhufe. Jalqaba irratti Muhammad haadha warraa isaa Kadiijaa dabalatee firoottan isatti dhiyoo qofa gara Islaamummaatti akka affeeruuf ajajame. Dhumarratti ergaa Rabbii ilma namaa hundaaf akka geessutti ibsame. Jireenya isaa guutuu ergaa rabbii kana namoota birootti dabarsuun, dhala namaatiif fakkeenya gaarii ta'e. Bara 632 Nabi Muhaammad (Rahmannii fi nageenyi Rabbii isarra haajiraatu) umrii isaa waggaa jaatamii sadiitti addunyaa kana irraa du'aan boqatan.

Nabi Muhammad (Rahmannii fi nageenyi Rabbii isarra haajiraatu) "Chaappaa Ergamootaa(Nabiyyootaa)" jedhama. Akka Ergamaa isa dhumaatti, Wangeela Nabi Iisaa (Yesuus) irrati bu'ee fi isa jalqabaa dabalatee dhugaa isa dura bu'e hunda akka mirkaneessuuf ergame.

**Qur'aanni kabajamaan *"Muhammad Ergamaa Rabbii fi xumura Nabiyyootaati"* jedhee ragaa ba'a.** (33:40)

Walitti dhufeenya Iisaa fi ofii isaa gidduu jiru kan mirkaneessan Nabi Muhammad, "Namni tokko Iisaatti yoo amane ergasii nattis amane, mindaa dachaa argata" jechuun waadaa galaniiru. Dabalataanis akkas jedheera, "Anaa fi isa gidduu ergamaan tokkollee waan hin jirreef, ani namoota hundumaa caalaa Iisaa(Yesuus) ilma Maryamitti dhihoodha."

Dhugumatti Muhammad Iisaa dhaaf kabajaa fi ulfina kennefi jira.

Booda kitaaba xiqqaa kana keessatti raajii Macaafa Qulqulluu Iisaa waa'ee dhufaatii Muhammad raajii dubbatee fi inni (Muhammad) Iisaaf kabajaa akka kennu kan ibsu irrattin dubadha. Dabalataanis, kabaja isaaf jecha, Muslimoonni ilmaan isaanii Iisaa (maqaa Arabaa Yesuus) jedhanii moggaasu jaallatu.



# Namummaa addaa nabi Muhammad

Nabi Muhammad – bara ijoollummaa fi dargaggummaa isaanii irraa eegalee, waggootan ergamuu (nabiyummaa) isaanii kessaa fi hanga du'a isaaniitti namoota sammuu haqa qabeessa ta'aniin seenaa keessatti nama addaa fi kabajamaa amala fi safuu addaa qabu ta'uun beekamtii argateera. Inni Dhiisaa ykn irra darbaa garalaafessa, amanamaa, kennaa (gargaaraa), safuu qabeessa fi gad of qabaa ture. Bal'inni dubbii isaa ummata duratti dubbate qofa osoo hin taane jireenya dhuunfaa isaaniillees kamiyyuu bal'inaan dhugaadhaan galmaa'ee hanga har'aatti amanamummaa dhaan eegamee jira.

Nabiyyii, Ergamaa, barsiisaa amantii, haaromsaa hawaasummaa, qajeelchaa naamusaa, qajeelchaa miira namaa, hogganaa biyyaa hiriyaa amanamaa, hiriyaa ajaa'ibaa, abbaa manaa amanamaa, fi abbaa jaalalaa ture.

Piroofeesar Ramakrishna Rao Kitaaba isaa xiqqaa, “Muhammad: The prophet of Islam” jedhu keessatti, “jireenya ilma namaatiif fakkeenyumaa guutuu” jedhee isa waama, akkas jechuun: Namummaan (Amala gaari) Muhammad, dhugaa isaa guutuu keessa seenanii xumuruun baay'ee rakkisaadha. Xiqqoo qofan irraa hubachuu danda'e. Mul'ata fakkii gaarii qabu wal-duraa duubaan akkam nama dinqisiisa! Muhammad Nabiyyicha; Muhammad Waraanaa (loltuu); Muhammad Nabiyyicha; Muhammad Hogganaa; Muhammad Daldalaa; Muhammad dubbataa; Muhammad haaromsaa; Muhammad baqannaa yatiimaa; Muhammad tiksaa garbootaa; Muhammad Bilisa baasaa Dubartootaa; Muhammad Abbaa Murtii; Muhaammad, Qulqulluu. Gahee ajaa'ibaa kana hunda keessatti, kutaalee sochii dhala namaa kana hunda keessatti, inni akka gootaati. (fuula 20)




# Namummaa addaa nabi Muhammad
## (itti fufeera)

Seenaa keessatti yeroo gabaabaa gara waggaa digdamii sadii ta'u kan nabiyyummaa isaa keessatti guutummaa Peeniinsulaa Arabaa irratti jijjiirama fide...

- Waaqeffannaa rabbii tolfamaa fi rabbii bocamaa waaqeffachuu irraa kaasee gara Rabbii tokkichaaf bitamuutti ceesise...
- Waldhabdee fi waraana gosaa irraa kaasee gara gamtaa fi walitti hidhamiinsaatti deebise...
- Machaa'uu fi saal-qunnamtii irraa gara of eeggannoo fi rabbiin sodaachuutti...
- Seera dhabuu fi sirna dhabdummaa irraa kaasee gara naamusa qabaachuutti ceesise...
- Guutummaatti kufaatii naamusaa irraa kaasee hanga sadarkaa naamusaa ol'aantummaatti.

Seenaan dhala namaa jijjiirama guutuu hawaasa tokkoo – sana duras ta'e sana booda – waggoota kurnan lama keessatti uumame akkasii takkaa argee hin beeku.





Raajiiwwan kitaabota amantii biroo keessatti dhufaatii Nabi Muhammad raajii dubbatan hunda bal'inaan ibsuun daangaa kitaaba kanaa ala ta'us, hayyoonni Musliimaa hedduun raajiiwwan kana barreeffamoota Kiristaanummaa, Yihudootaa, Hindu fi Budiistotaa keessatti arguu isaanii kaasuun barbaada.

Dhugumatti, kitaabota biroo keessatti waa'ee Muhammad eeruun mata duree baay'ee hawwataa ta'ee fi kitaabota, barruulee fi marsarritiwwan hedduu keessatti gadi fageenyaan irratti mari'atamedha. Haata'u malee kutaa kana keessatti kitaabotaa fi barreeffamoota Macaafa Qulqulluu wajjin walqabatan tokko tokkon ilaalla; raajii Macaafa Qulqulluu kan dhufaatii Nabi Muhammad dubbatan ilaalchisee.

Piroofeesar Abdulahad Dawud (duraan Luba daavid Benjaamiin) kitaaba isaa ajaa'ibaa "Muhammad in the Bible" jedhamu keessatti, Macaafni Qulqulluun dhufaatii Nabiyyii 'akka Muusaa' ta'e tokko akka dhufu raagee ture:

Kitaaba Keessa deebii boqonnaa 18, lakkoofsa 18 keessatti jechoota armaan gadii dubbisna: "Ani obboloota isaanii keessaa Raajiin (ergamummaan) akkakee isaaniif nan kaasa; dubbii koos afaan isaa keessa nan kaa'a." Jechoonni kun Muhammad hin ilaallatu taanaan ammallee osoo hin raawwatamin hafeera jechuudha. Iisaan ofii isaatiifuu Raajicha akeekkachiifamee ta'uu isaa gonkumaa hin dubbanne... Iisaa akkuma Waldaan mana kiristaanaa amantutti akka Abbaa Murtiitti malee akka nama seera kennutti hin mul'atu; inni waadaan seenameef garuu "seera ibiddaa" "harka mirgaa isaatiin" qabatee dhufuu qaba. (Kees. 33:2)



Muusaa fi Muhammad karaa hedduun waan wal-fakkaataniif raajiin kun Muhammad malee kan biraa akka hin ilaallanne hayyoonni Muslimaa ni mirkaneessu. Maqaan isaanii qubee tokkoon jalqaba; dhaloota isaanii isa idilee, gaa'ela isaanii, ergama isaanii fi du'a isaaniitiin walfakkaatu; lamaan isaaniiyyuu nabiyyoota, bulchitoota, geggeessitootaa fi hoggantoota turan; lamaan isaaniiyyuu "seera ibiddaa" fidaniiru. Gama biraatiin, Iisaan dhalachuu, ergama fi dhuma isaatiin Muusaa irraa adda; Iisaan gaa'ila hin godhanne ykn hin fuune, akkasumas akka Muusaa saba isaa hin bulchine ykn waraana hin lolle.

"Nabiyyii obboloota isaanii keessaa" jechuun obboloota Israa'eloota (Ismaa'eeloota, Araboota kan turan) irraa Nabiyyii ta'e malee Israa'eloota ofii isaanii irraa akka hin taane ta'uu isaa kaasuun barbaachisaadha. Kana malees, Kakuu Haaraa Macaafa Qulqulluu keessatti, Yesuus dhufaatii Jajjabeessaa biraa raageera, "Innis Jajjabeessaa kan biraa isiniif ni kenna" (Yohaannis 14:16) jedhee labseera.

**Yesuus akkas jedheera:**

Ta'us garuu dhugaan isinitti hima; Ani yoon hin deemin, Jajjabeessaan gara keessan hin dhufu; yoon deeme garuu gara keessaniitti isa nan erga. Yeroo inni dhufus cubbuu, qajeelummaa fi firdii addunyaa ni ceepha'a... Ammas waan baay'ee isinitti himuun qaba, garuu amma obsuun baadhachuu hin dandeessan. Haa ta'u iyyuu malee, inni hafuurri dhugaa yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaatti isin qajeelcha; waan mataa isaa irraa kaasee hin dubbanneef garuu waan dhaga'e hundumaa ni dubbata, waan dhufus isinitti in argisiisa. Inni ulfinanaaf kenna... (Yohaannis 16:7-14)



# "Jajjabeessaan biraa" kun Eenyu?

Hayyoonni Musliimaa raajii Iisaa (Yesuus) guutummaatti kan raawwate Muhammad qofa jedhan, kunis sababoota hedduudhaan. Tokko tokko kaasuuf:

- Yesuus **"Jajjabeessaa kan biraa"** jechuun isaa Hafuura Qulqulluu ibsuu hin danda'u. (Walumaagalatti, Kiristaanonni Sadan tokkummaa Waaqayyo Abbaa, Waaqayyo Ilmaa fi Waaqayyo Hafuura Qulqulluu of keessaa qabutti ni amanu). Akka Macaafa Qulqulluutti hafuurri Qulqulluun ergama Yesuus duraa fi yeroo ergama isaa keessa ture, Jajjabeessaanimmoo booda dhufuu qaba ture.
- Muhammad namoota cubbuu akka hin hojjenne akeekkachiisuu fi qajeeloo akka ta'an ajajuuf dhufe. Inni **harka mirgaa isaa keessatti "seera"** kan qabu bulchaa fi abbaa murtii ture.
- Muhammad namoota gara dhugaa dhumaa Rabbii dhugaa Tokkicha ilaalchisee, kaayyoo jireenya kanaa, jireenyaa akhiraa (du'a boodaa) fi jireenya bara baraa fi dhugaawwan biroo hedduutti namoota qajeelche.
- Muhammad wantoota dhufan karaa raajii fi mu'jiizaa baay'ee kan isa erge Rabbiin isaaf kenneen nu beeksise. Muhammad ergamaa "waa'ee ofii hin dubbanne; garuu waan dhaga'e hundumaa kan dubbatu" ture.(Yohaannis 16:13) Inni Meeshaa Rabbi dubbii isaa Qur'aana kabajamaa ta'e maqaa Rabbiitiin qara'e (dubbise) ittiin buusee ture. Macaafni Qulqulluun"maqaa kootiin in dubbata..." (Kees. 18:19) jedhee raajii dubbateera.

Dhugumatti, boqonnaawwan Qur'aana kabajamaa ta'ee **{Maqaa Rabbiitiin}** jalqabu.


رسول الله

Qur'aanni kabajamaa ta'e akkana jedha:

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata Godhaa Taheetiin.

***“Urjiin kakadhe; yeroo inni bu’e (seene). Hiriyaan keessan (Muhammad S.A.W) hin jallanne; hin dogoggorres. Fedha lubbuu irraas hin haasa’u. Inni (wanti inni dubbatu) wahyii buufamu qofa.”*** (53: 1-4) irratti.

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

وَٱلنَّجْمِ إِذَا هَوَىٰ ﴿١﴾ مَا ضَلَّ صَاحِبُكُمْ وَمَا غَوَىٰ ﴿٢﴾ وَمَا يَنطِقُ
عَنِ ٱلْهَوَىٰٓ ﴿٣﴾ إِنْ هُوَ إِلَّا وَحْيٌ يُوحَىٰ ﴿٤﴾

- Karaa biraatiin, Yihudoonni Yohaannis Cuuphaa eenyu akka ta’e yommuu gaafatan, inni ofii isaatiif **“Raajicha sana”** ta'uu isaa mormeera.

“Ati Nabiyyii sanaa? Innis, Lakki” jedhee deebiseef. (Yohaannis 1:19-21)

**Kanaafuu “Nabiyyiin sun” eenyu?**

**“Raajiin sun”** (nabiyyiin) akka Yohaannis ofii isaatii ragaa ba’etti cuuphaan Yohaannisiinis ta’ee Yesuus Kiristoosiin akka hin ilaallanne ifaadha.

Bakka kanatti namni beekaa ta'e,sammuu fi garaa qulqulluudhaan dhugaa barbaadu, haala qabatamaa ta’een gaafachuu qaba:

**'Nabiyyiin sun'** Yohaannisii fi Iisaa booda kan dhufe, ergaa isaanii isa jalqabaa waa'ee Rabbii tokkicha Rabbii dhugaa kan dabarsee fi namoonni akka Isa (Rabbiin) qofa gabbaran ajaje eenyu ?

## Innis Muhammadi!



# Waa'ee Nabi Muhammad wantoota dubbataman tokko tokko irraa

Waa'ee Nabi Muhammad (Rahmannii fi nageenyi Rabbii isarra haajiraatu) barreeffamoonni baay'een barreeffamaniiru.

Armaan gaditti ibsa namoota beekamoo irraa muraasa haa ilaallu.

Laamaartiin (barreessaan seenaa beekamaan) akkas jedhee gaafate: “Guddina kaayyoo, Humni xiqqaa ta’uun fi bu’aan adda ta’e ulaagaalee sadan ogummaa namaa yoo ta’an, eenyutu seenaa ammayyaa keessatti nama guddaa kamiyyuu Muhammad wajjin wal bira qabuuf ija jabaachuu danda’a?”

Laamaartiin akkas jedhee xumure: “Ulaagaalee Guddinni Namaa ittiin madaalamu hundumaa ilaalchisee, namni isa caalu jiraa?” (Histoire de la Turquie, Paaris 1854, Jildii II, fuula 276-277)

Maayikeel H. Haart kitaaba isaa "The 100: A Ranking of the Most Influential Persons in History" jedhamu keessatti akkas jedheera: “Muhammad tarree namoota addunyaa irratti shoora guddaa taphatan akka dursu filachuun koo dubbistoota tokko tokko ajaa’ibsiisuu fi kaanis gaaffii keessa galchuu danda’a, garuu inni seenaa keessatti namni sadarkaa amantii fi addunyaa irratti milkaa’ina olaanaa argate isa qofaadha.”

Haart akkas jedhee xumure: “Dhiibbaa sekulaarii fi amantii walmakaa gita hin qabne kanatu Muhammad seenaa dhala namaa keessatti nama tokkicha shoora guddaa qabu jedhamee akka ilaalamuuf mirga kennuutu natti dhaga’ama.”

Joorj Bernaard Shaaw kitaaba isaa "The Genuine Islam" jedhamu keessatti akkas jechuun barreesse: Namni akka isaa hoggansa addunyaa ammayyaa amma osoo fudhatee rakkoo ishee karaa nagaa baay’ee barbaadamuun furmaata kennuun akka milkaa'utti nan amana.

ASTEUR · NEWTON · EDISON · LAVOISIE
FARADAY · BECQUERE
PIZARRO · CONFUCIU

# THE 100

## A RANKING OF THE MOST INFLUENTIAL PERSONS IN HISTORY

**Michael H. Hart**


AO TSE-TUNG · MARX · MARCONI · FREU
OLIVAR · MICHELANGELO · POPE URBAN
ARISTOTLE · PETER THE GREAT · NAPO
IN · PICASSO · MALTHUS · JEFFE
RUS · GENGHIS KHAN · MOSES

Shaaw itti dabaluudhaan:
Inni nama lafa kanarra miilakaa'e hunda caalaa nama ajaa'ibaa ture. Amantii lallabe, Biyya hundeesse, biyya ijaare, seera naamusaa lafa kaa'e, haaromsa hawaasummaa fi siyaasaa hedduu jalqabsiise, hawaasa humna qabuu fi jijijjiramaa barsiisa isaa shaakaluu fi bakka bu'u hundeessee addunyaallee warraaqsa yaada fi  amala dhala namaa guutummaatti bara dhufu hundaaf kaase.

Mahaatmaa Gaandiin akkas jechuun ibseera:
Bara sanatti karoora jireenyaa keessatti Islaamummaan bakka kan  argate billaan (Lolaan) akka hin taane caalaatti amaneera. Garuu, salphina (laafina) cimaa, uf tuuluu dhabuu nabiyyii, waadaa isaa sirritti guutuu, hiriyootaa fi hordoftoota isaaf of kennuu cimaa, gootummaa isaa, sodaa dhabuu isaa, Rabbii fi ergama mataa isaa irratti amanamummaa guutuu qabaachuu isaa ture. (Young India Newspaper)

Wolf gaang Gootee (walaleessaa beekamaa Awurooppaa) akkas jedhee amana ture: Inni Nabiyyii dha malee walaleessaa miti kanaaf Qur'aanni isaa akka seera Rabbiitti ilaalamuu qaba malee akka kitaaba dhala namaatti, barnootaaf ykn bashannanaaf hojjetameetti miti.

Insaayikiloopiidiyaa Biritaanikaa (Jildii 12) akkas jechuun caqaseera: Maddoota jalqabaa keessatti bal'inaan,baay'inaan kan ibsame nama amanamaa fi qajeelaa namoota biroo kanneen akkasuma amanamoo fi qajeeloo ta'an irraa kabajaa fi amanamummaa argatedha... **Mohammad Nabiyyootaa fi namoota amantii hunda caalaa milkaa'aadha.**



**Joorji Bernaard Shaw**

Toomaas Kaarlaayil kitaaba isaa "Heroes and Hero Worship" keessatti akkas jedheera: Akkamitti namni tokko qofaa isaa gosoota wal-waraanaa jiranii fi jiraattota gammoojjii karaa irra naanna'an waggoota kurnan lama hin guunne keessatti saba humna guddaa qabuu fi qaroome tokkotti jijjiiruu danda'a...Sobni (maqaa balleessii warra dhihaa) hinaaffaan yaada gaarii nama qabu kana (Muhammad) irratti tuulame of nama saalfachiisa.

Joon Ispoziitoo (piroofeesara amantii fi dhimma idil-addunyaa yunivarsitii, Daarektara Giddugala Qorannoo Idil-addunyaa Kolleejjii Fannoo Qulqulluu, Yunivarsiitii Joorji Taawun, USA) kitaaba isaa "Islam The Straight Path" keessatti akkas jechuun akeekeera: "Muhammad namoota amantii gurguddoo, nabiyyootaa fi hundeessitoota amantiiwwanii keessaa tokko yoo ta'u, amalaa fi namummaan isaa inni dinqisiisaa ta'e ofitti amanamummaa fi kutannoo hin baratamne kan kakaase ture? Milkaa'inni ajaa'ibaa hordoftoota hawwachuu fi mootummaa hawaasaa Arabiyaa ol'aantummaa qabu hundeessuu keessatti argate, tarsiimoo waraanaa qaroo ta'uu isaa qofa osoo hin taane nama hin baratamne ta'uu isaa irraa kan madde dha. Hordoftoonni Muhaammad qajeelaa, amanamaa, nama Rabbiin sodaatu,  fi gara laafessa ta'uu issa argan".

Innis "Muhammad hundeessaa Islaamummaa miti, inni amantii haaraas hin jalqabne" jechuun ibsea.

Piroofeesar Ispoziitoon dhugaa kana cimsanii dubbataniiru:

Islaamummaan haaromsa fide; innis waamicha irra deebii gara guutummaatti Rabbiif bitamuu (Islaamummaa) fi fedhii rabbii akka yeroo dhumaatiif guutuu ta'ee Muhammadiin ergamaa xumuraa 'chaappaa nabiyyootaa' irratti buufametti hojiirra oolchuu ture. Haala kanaan Muhammad biratti Islaamummaan amantii haaraa osoo hin taane amantii dhugaa deebisuu ture...




Armaan gaditti fakkeenyota jechoota Nabiyyiin dubbatan keessaa muraasa, bareedinaa fi mi'aa jechoota isaanii akka dhandhamnuuf:

- **"Dubbiin gaariin sadaqaadha."**
- **"Seequun gaariin sadaqaadha."**
- **"Isin keessaa caalaan warra Amala gaariin caaludha."**
- **"Wanta miidhaa geessisu karaa irraa buqqisuun ykn dhabamsiisuun sadaqaadha."**
- **"Amantii keessatti gama hundarra gaariin obsaa fi waldanda'uudha."**
- **Islaamummaarraa gama kamtu caalaadha jedhamee gaafatamee, "nammota beektu fi kan hin beekne dabalatee nyaachisuu fi nagaa gaafachu" jedhee deebiseef.**

Kana malees Nabi Muhammad (nageenyi fi rahmanni rabbi irra haajiraatu) akkas jedheera:

- **"Mararfataan [Rabbi ykn Rahmaan] warra gara laafina qabaniif ni mararfata (rahmata godha). Warra lafa irra jiraniif garalaafina yoo agarsiiftan Inni Samii irra jiru (rabbi) isiniif laafa (rahmata godha)."**
- **"Isin keessaa namni tokko illee hamma obboleessa isaatiif waan ofii isaatiif jaallatu jaallatutti dhugaa dhaan hin amanne."**
- **"Namni osoo ollaan isaa agabuu ciisuu ofii isaatiif quufee nyaatu mu'mina miti."**
- **"Humna qabaachuun isaa isa kaan kuffisu osoo hin ta'in, sirrumatti humna guddaa kan qabu nama yeroo aarii of to'atudha."**
- **"Rabbi akka qaama keessanii fi bifa keessani itti isinitti hin murteessu, garaa keessan sakatta'ee hojii keessan ilaala."**



- ✓ **“Isin keessaa hunda caalaan kan maatii isaaf tola ooludha, ani immoo isin hundarraa caalaan maatii kootiif gaarii dha.”**
- ✓ **“Isin keessaa warri gaariin warra dubartoota isaaniif gaarii ta’aani dha.”**
- ✓ **“Irra gaariin Islaamummaa gara-laafummaa fi wal-danda’uun amala qabaachuudha.”**
- ✓ **“Namoonni hundarra gaariin warra namoota [kaaniif] baay’ee faayidaa qabanidha.”**

Kunniin fakkeenya jechoota beekumsaa, ajaa’ibaa fi warqee Nabiyyiin dubbatan keessaa muraasa qofa.

Nabi Muhammad waan barsiisus hojiirra oolchaa ykn shaakalaa ture; walitti dhufeenyi fi amala inni namoota biroo wajjin qabu safuu, araara, amanamummaa, garaa qulqulluu, gaarummaa, dhugaa dubbachuu, gad of qabuu, arjummaa, dhiifama, obsa, waldanda’uu fi safuuwwan biroo hedduu keessatti amala adda ta’e kan calaqqisiisu ture.

Seenaa fi ragaaleen amaloota dhuunfaa dinqisiisoo Nabi Muhammad asitti kaasuuf baay’ee waan ta’aniif fakkeenya tokko qofa haafudhannu.

- Mormitoonni isaa Makkan erga isaa fi ergaa Islaamummaa isaa didan booda...
- Erga isa ari’atanii fi isa miidhanii booda, yeroo hedduu ajjeesuuf yaalanii booda...
- Hordoftootaa fi namoota jaallatu hedduu erga dararanii fi ajjeesanii booda...
- Erga isaa fi hiriyoota isaa lolanii, mana isaanii keessaa ari’anii qabeenyaa fi lafa isaanii qabatanii booda...



Muhammad gaafa Makkaan seenee taabota (rabbii tolfamaa) gabbaruu jalaa bilisa baase diinota kana akkamitti ilaale?

Injifannoo guddaa Muhaammadii fi Muslimootni argatan kana booda, yeroo gammachuun isaanii fiixee gahe, gammachuu isaanii gara magaalaa qulqulluu Makkaatti gara biyyaatti deebi'uu isaanii irratti... Nabi Muhammad warra Makkaan walitti qabe, isaanis miidhaa ykn ajjeechaa kanaan dura Muslimoota irratti raawwataniif miidhaa isaanirra geessuuf ykn isaan ajjeesuudhaan haaloo ba'uuf jedhanii sodaataa turan.

Muhammad "Maalin isin godha jettanii yaaddu?" Isaanis, "Ati obboleessa arjaa fi ilma obboleessa keenya kabajamaati" jedhanii deebisaniif.

Ergasii Nabiyyiin garalaafessa, mararfataan, arjaa fi dhiisaa ta'e dhiifama isaaniif godhe. Innis, "Miidhaan tokkollee isinirra hin ga'u. deemuu ni dandeessu isin bilisa" jedhaani.

Taatee akkasii argitanii beektuu? Seenaa akkasii dhageessanii beektuu? Rahmata Nabiyyichaa hubachu dandessuu?

Taatee seena qabeessa kanaan dura hin argamne kana yeroo ibsan Piroofeesar Joon Ispoziitoo akkas jedhan: Haaloo bahuu fi saamicha injifannoo irraa fagaachuun, Rasuulli (Ergamaan) inumaayyuu qubsuma fudhate, billaa (Lola) gara diinota isaa duraani itti fayyadamuu caalaa dhiifama godheef. Warri Makkaa gama isaaniitiin Islaamummaa fudhatanii hooggansa Muhammad fudhatanii, ummaa (hawaasa muslimaa) keessatti hammataman.

Faallaa kanaatiin, gocha hammeenyaa saboonni 'humna ol'aanaa adda addaa seenaa dhala namaa keessatti, yeroo isaan haqa malee haleellaa, weerara, fi dararaa raawwatan ni beektuu laata?



Kan nama ajaa'ibu, waa'ee jireenya Muhammad hamma qorannuun, amala isaa isa gaarii ta'e, akkasumas dhuguma ***“Aalama (hundaaf) rahmata taasifnee malee (waan) si hin ergine.”***

(Qur'aana 21:107) hubanna.

Nabi Muhammad akkana jedhan, **“Amala gaggaari fiixaan baasuufan ergame.”**

Dhugaa kana mirkaneessuuf Rabbiin Qur’aana kabajamaa ta'e keessatti, ***“Ati amala (naamusaa) guddaa irra jirta.”*** (68:4) jedhee itti hima.



# Fedhii waan haaraa beekuu qabdaa?

Waa'ee Islaamaa odeeffannoo dabalataa fi bal'aa ta'e argachuuf fedhii yoo qabaattan marsariitii keenya daawwadhaa:

**www.discoveritsbeauty.com**

## Walfaannee Bareedina isaa Qorachuu:

1. **Fiixee qarsaa cabbii qofaa**
2. **Amantii Aadam fi Hawwaa**
3. **Bu'uura Islaamaa**
4. **Gaaffii murteessaa dhala namaa deebisuu**
5. **Maqaa isaa gaggaarii**
6. **Ergaa dhumaa**
7. **Ergamaa xumuraa**

## MARSARIITII ISLAAMAA BU'AA QABEESSO TA'AN:

http://www.allahsquran.com

http://www.quranexplorer.com

http://www.islamhouse.com

http://www.edialogue.org

http://www.islamreligion.com

http://www.newmuslimguide.com

http://www.guidetoislam.com

# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa)

“Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:

أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمدا رسول الله

kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,**
**WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN**
**RASUULU-LLAAH.**

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.






GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)
LONDON | THE UNITED KINGDOM

Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD
www.alandalusgroup.org

كتاب الرسول الخاتم بلغة الأورومو